



Yeroo COVID-19 Keessa Ramadaana Nagaadhaan Hordofaatii Ayyaaneffadhaa

Karoorawwan manneenitti, masjiidatti, akkasumas galmawwan aadaa keessatti salaataa fi soomana hiikuuf walitti-qabamuu ammas raawwatamaa jiru. Jiraachuu talaalliiwwanii, maaskii godhachuu, qoratamuu fi kanneen biroo irraa kan ka'e bara kana yeroo weerara COVID-19 kanaatti karaa nagaatiin walitti qabamuuun ni danda'ama. Gochaaleen kunneen dhibee COVID-19 irraa of eeguuf ittisa dirribii namaa ta'u.

Karaawwan ofii keessanii fi hawaasa keessan dhibee COVID-19 irraa ittiin eegdan:



- **Talaalamaa.** Talaalii humneessituu keessan dabalatee, talaalliiwwan COVID-19 gorfaman hunda isaanii fudhachuu keessan mirkaneeffadhaa. Talaalliin COVID-19 akka nyaataa ykn dhugaatiitti waan hin lakkaa'amneef talaalamuun keessan soomana keessan isin hin cabsisiisu. Yoo danda'ame, haala talaalii namoota wajjin walitti qabamtanii beekaa.



- **Yeroo gorfamutti ykn barbaachisutti maaskii godhadhaa.** Naannoo sadarkaa COVID-19 kan hawaasaa ol-aanaa qabu keessa yoo jiraattan, bakkee uummati itti wal ga'utti maaskii godhadhaa. Yeroo feetanitti maaskii godhachuu filachuu ni dandeessu. Hojiiwwan daldalaa, dhaabbileen ykn bakkeewwan waaqeffannaa tokko tokko ammayyuu akka namoonni maaskii godhataniif gaafachuu ni malu. Namoonni dhibee hamaan qabamuuf carraan isaanii ol-aanaa ta'e yeroo hedduu maaskii godhachuu barbaaduu malu.



- **Harka keessan yeroo yerootti dhiqadhaa.** Saamuunaa fi bishaan hinjiru yoo ta'e, qulqulleessituu harkaa (saanitaayizara) yoo xiqqaate qabiyyeen alkoolii isaa %60 ta'e fayyadamaa.



- **Bakkeewwan sochiin qilleensaa gaarii ta'e ykn qilleensi sirriitti galuu danda'utti walitti qabamaa.** Kun bakkeewwan alaa ykn bakkeewwan qilleensa qulqulluu qaban ykn afarsituu qulqullina ol-aanaa qaban ta'uu ni danda'a.



- **Yoo isin dhukkubaa jiraate ykn qoratamtanii poozetiivii yoo taatan mana turaa.** Mallattoolee yoo qabaattan, hanga danda'ametti daftanii qoratamuu keessan adda baafadhaa.

Isin dhukkubaa jiraa? Gorsawwan fayyaa hawaasaa waa'ee isaan kanaa hordofuu keessan mirkaneeffadhaa:

- Namoota biroorraa fagaattanii yeroo hammamif akka mana turuu qabdan.
- Yoom akka maaskii godhachuu qabdaniif fi maaskii akaakuu akkamii akka godhachuu qabdan.
- Waa'ee qorannoo fi/ykn wal'aansaa irratti ogeessa fayyaa keessan yoom akka quunnamuu qabdan.
- Odeeffannoo dabalataa asirraa argadhaa [Ofii Keessanii fi Namoota Biroorraa Ittisaa: COVID-19 \(www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/prevention.html\)](https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/prevention.html).